Kutaa 2ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 2ffaa

Barumsa Torbaffaa:- Sirnaalee mana sagada Kiristaanaa. .5

Tajaajila Hoga- Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8. Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa Torbaffaa:- Sirna Waldaa Kiristaanaa

Mataan waldaa kiristaanaa jechuunis Gooftaan keenna Yesuus Kiristoos sirna (seera) lama waldaa kiristaanaatiif kenneera. Isaanis kennaa qulqulluu fi cuuphaa bishaaniiti; sirna jechuun seera yookiin ajaja abbaa aangoo tokkoon kenname jechuudha.

Kennaa Qulqulluu

Sirni kennaa qulqulluu jedhamee waamamu kun yeroo tokko tokko "Irbaata Gooftaa" jedhamee waamama. Innis irbaata dhumaa kan Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos otoo hin fannifaminiin dura barattoota isaa waliin nyaate sana agarsiisa.

Dubbiin isaas akkana jedha; "Gooftaa Yesuus gaafa dabarfamee kenname sana halkan buddeena fuudhee eebbise. Caccabsees, ' hoo'aa nyaadhaa; kun foon kiyya isa waayee keessaniif kennamuudha. Kanas yaadannoo kiyyaaf godhaa" jedhe. Akkasumas (buduunuu) xuwwaa fuudhee "xuwwaan kun kakuu haaraya foon kiyyaan ta'uudha. kanas gaafa dhuddan cufa yaadannoo kiyyaf godhaa. Gaafa buddeena kana nyaattan cufa, gaafa xuwwaa kana dhuddan cufas hanga gooftaan dhufutti waayee du'a isaa dubbattu" jedhe. (Qor 1^{ffaa} 11: 23-26)

I. Kaayyoo sirna kennaa Qulqulluu

Du'a Kiristoosi Yaadachuuf (Qor 1^{ffaa} 11:26).

Tokkummaa amantoota waan waliin qabnu muldhisuuf (Qor 1^{ffaa} 10:21, Luk 22:14-20, Qor 1^{ffaa} 11:23-26)

Gooftaa Yesuusiif ajajamuu keenya muldhisuuf

Akka Kiristoos deebi'ee dhufu ittiin yaadachuuf (Qor 1^{ffaa} 11:26)

II. Yeroo hagami keessatti fudhachuu qabna?

Amantoonni yeruma fedhan hunda irbaata Gooftaa fudhachuu ni danda'u. Kitaaba Waaqaa keessatti yeroon murteeffame hin kennamne.

III. Buddeenni sun maal agarsiisa?

Gooftaa Yesuus, "...hoo'aa nyaadhaa; kun foon kiyya kan waayee keessaniif kennameedha" (Qor 1ffaa 11:23-24) jedhee waan dhubbateef, buddeenni sun fakkeenna foon Yesuusiiti.

Foon Gooftaa Akkamitti Nuu Caccabsame?

a. Cinaachi isaa eeboon waraaname (Yoh 19:34)

b. Philaaxoositu isa garafe;" isin madaa inni garafamee madaayeen fayyitan" (Isa 53:5, Phe 1ffaa 2:24)

c. Loltoonni gonfoo qoraattii qopheessanii (batteessanii) mataa isaa irra kaayani; itti qoosan, itti tufan; mataa isaas hoffaadhaan dhawan (Mat 27:28- 31, Mar 15:17-20).

IV. Xuwwaan sun maal agarsiisa?

"Xuwwaa sanas fuudhee, galateeffatee isaanitti kenne. Innis, "hundi keessan xuwwaa kana keessaa dhugaa; dhigni kiyya kan kakuu haarayaa inni dhiifama cubbuu nama baay'eetiif dhangala'u isa kana " (Mat 26: 27-28, Ibr 9:19)

Akka wayiniin sun dhiiga Yesuus Kiristoos kan waayee cubbuu keennaatiif dhangalaafame sana agarsiisu kutaa kana irraa ni hubanna. Nus dhiifama cubbuu kan argannu, yommuu beenyaan cubbuu inni nurra ture sun dhiiga Yesuus Kiristoosiitiin nurraa haaqamee qulqulloofnuu dha. Sababiin Yoh 1ffaa 1:7 irratti," dhiigni Yesuus Kiristoosi cubbuu hundumaa nurraa qulqulleessa" jedhameefis kanumaa.

V. Namni Kennaa Qulqulluu fudhatu Eenyu?

Namni, "Gooftaan hanga foon isaa madaa'utti, hanga dhiigni isaa dhangalaafamuttis naaf uf kenne" jedhee Gooftaa Yesuusitti dhugumaan amane cufti kennaa qulqulluu fudhachuu ni danda'a. (Qor 1ffaa 11:24).

VI) Amanaan tokko kennaa qulqulluu fudhachuuf maal gochuu qaba?

Of qoruu qaba. Yommuu of qorrutti yoo qalbiin keenna nu ceepha'e (coqose) duraan dursinee waan sana qajeelchuu qabna. Waan kanas cubbuu irraa deebi'uun qajeelchina. (Qor 1ffaa 11:27-32)." Yoo nu cubbuu keenna himanne, inni cubbuu keenna nuu dhiisuuf, yakka keenya irraas nu qulqulleessuuf amanaa fi qajeelaadha." (Yoh 1ffaa 1:9)

"Namni kamiyyuu yoo otoo isaa hin malin buddeena Gooftaa nyaate, xuwwaallee Gooftaa dhuge, beenyaa foon Gooftaatii fi dhiiga Gooftaatu isa irra jira. Kanaaf namni kamiyyuu otoo buddeena kana hin nyaatin yookaan otoo xuwwaa kana hin dhugin dura uf qoruu qaba. Namni kamiyyuu otoo foon Gooftaa maal akka ta'e hin beekin yoo buddeena Gooftaa nyaatee xuwwaa Gooftaa dhuge murtii of irratti fida." (Qor 1ffaa 11:27-29) (Hiikkaa Haaraya)

VII) Sababii lammaaf kennaa qulqulluu fudhanna.

a. Akka waan Gooftaan nuu godhe hin irranfanneef (hin deeneef) "waan kana yaadannoo kiyyaaf godhadhaa" (Qor 1ffaa 11:25)

b. Hanga Yesuus dhufutti waayee du'a isaa (waayee cubbuu kiyyaatiif du'uu isaa) dubbachuuf (Qor 1ffaa 11: 26).

Waaqayyo akka namoonni irraanfatan waan beekuuf akka nu waan Waaqayyo nuu hojjate akka namoota Israa'eli hin

hirraanfanne nu ajaje. "Gaafa buddeena kana dhuddan cufa, yeroo xuwwaa kana dhuddan cufas hanga Gooftaan dhufutti waayee du'a isaa waliin duddubbattu" jedhe.

Qalbiin keenya yeroo irbaata Gooftaa fudhannu mara dhiiga isaa kan nuu dhangala'ee fi foon isaa kan nuu madaaye sana haa yaadattu.

Cuuphaa

Cuuphaa jechuun waan tokko keessa seenuu, cuuphamuu yookiin lixuu jechuudha. Kitaaba Waaqaa keessa akka cuuphaan gosa gara- garaa jiru ni argina.

"Kanaaf dubbii waayee Kiristoosi dhubbatu isa jalqabaa dhiifne gara isa dhumaa haa deemnuu. Bu'uuras lammata hin buufnu. Kunis barumsa hujii du'e irraa deebi'uu fi Waaqatti amanuu, waayee cuuphaawwaniitii fi harka nama irra kaawuu, waayee du'aa ka'iisa warra du'aniitii fi waayee murtii bara-baraati. " (Ibr 6:1-2)

Cuuphaawwan Gosa Gara -garaa kunniin maal fa'a?

Cuuphaa Hafuuri Qulqulluun nafa Kiristoosi keessatti nu cuuphu.

Cuuphaa Kana yeroo namni tokko Yesuus Kiristoositti amanutti Hafuuri Qulqulluun Yeruma sana nafa Kiristoosi keessatti :- isa cuupha yookiin nafa Kiristoosi keessa isa galcha.

"Nu Yihuudota taanus, Giriikota taanus, birmadduu (balchaa) taanus akka nafa tokko jechuunis nafa Kiristoosi taanuuf hafuura tokkoon jechuunis hafuura qulqulluun cuuphamneerra. cufti keennas hafuuruma tokko sana dhunneerra." (Qor 1^{ffaa} 12:13)

Kutaan kun waa'ee bishaan keessa cuuphamuu otoo hin ta'in waayee hafuura qulqulluun nafa Kiristoosi keessatti cuuphamuu yookiin nafa Kiristoosi keessa seenuu dubbata. Kan cuuphu Hafuura Qulqulluudha. Nuus nafa Kiristoosi keessatti yeroo sanaa jalqabee nafa Kiristoosi keessatti bu'aa (mittaa) tokko taana jechuudha. Yeroo Qor 1^{ffaa} 12 mara dubbifnutti akka kutaan kun waayee nafa Kiristoosi dubbatu hubanna. Dubbii

"'Cuuphamneerra" jedhu sanas yaada boqonnaa sanaa wajjiin waal qabsiisuu qabna.

Gal 3:27 cuuphaadhuma kana ibsa. "Isin warri akka Kiristoos waliin tokko taataniif jechuunis akka nafa Kiristoosi keessa jiraattaniif cuuphamtan cufti Kiristoosin uffattaniirtu." Namni tokko yoo Hafuurri Qulqulluun nafa Kiristoosi keessatti isa cuuphu Kiristoosin uffata.

Cuuphaan Efe 4 : 4 irratti "cuuphaa tokkitti" jedha- mes isuma kana. "Akkuma isin yeroo waamamta- nitti abdii tokkoon waamamtan sana nafa tokkoo fi hafuura tokkottu jira. Gooftaa tokko, amantii tokko, cuuphaa tokko, Waaqa waan cufaan ol ta'ee fi waan cufa keessatti hojjatu, waan mara keessa jiraatu Waaqa abbaa waan cufaan ta'e tokkotu jira."

Cubbamaan tokko cubbuu irraa deebi'ee, Yommuu Waaqatti deebi'ee Hafuura Qulqulluun nafa Yesuusi keessatti cuuphamutti, cuuphaa, "cuuphaa tokkittii" jedhamtu tana raawwachuu isaa ti.

2. Cuuphaa Yohaannis Cuuphaa

"Innis cuuphaa qalbii jijjiirannaa kan dhiifama cubbuutiif lallabaa gara biyya naannoo Yordaanosi jirtu mara dhaqe." (Luq 3:3)

Cuuphaan Yohaannis cuuphaa cuuphaa qalbii jijjiirrannaa kan Masiihii dhufuuf jechuunis Yesuus Kiristoosiif nama qopheessuudha. Cuuphaan kun kan jalqabames kan xummurames tajaajila Yohaannis cuuphaatiin, cuuphaan sun dhufaatii Masiihiitiif nama qopheessuuf jedhamee bara sana raawwatame.

3. Cuuphaa Hafuura Qulqulluu

Cuuphaan kun cuuphaa Hafuura Qulqulluu yookiin Hafuura Qulqulluudhaan namni Kiristoos Yesuusitti amane tokko argachuu danda'u, "anilleen akka isin cubbuu irraa deebitaniif bishaaniin isin cuupha. Namni ani kophee isaa baachuu hin dandeenne kan na

duubaan dhufu garuu na caalaa jabaadha. Inni Hafuura Qulqulluun ibiddaanis isin cuupha." Mat 3:11)

"Waadaa abbaan kenne eegaa. Yohaannis bishaaniin cuuphee ture. Isin garuu guyyaa muraasa booddee Hafuura Qulqulluun cuuphamtu. (HuE 1:5)

Cuuphaan kun cuuphaa isa lakkoobsa tokko irra jiruun tokkoo miti. Lakkoobsa tokko irratti kan cuuphu Hafuura Qulqulluudha. Nus kana cuuphamnu nafa Yesuuis keessatti isa kana irratti garuu kan cuuphu Gooftaa Yesuus Kiristoosi. Nus kan cuuphamnu yookiin kan guutamnu Hafuura Qulqulluuni. "Inni jechuunis (Yesuus Kiristoos) ibidda Hafuura Qulqulluutiin isaan ni cuupha."

4. Cuuphaa Dhiphinnaa

Cuuphaan kun kan Yesuusi Kiristoosi yeroo waayee rakkinna isairra gawuuf jiru sanaa dubbatetti dubbatee dha. "Garuu ani cuuphaa cuuphamu tokkon qaba. Hanga isiin raawwatamtutti ani hagam yaada'a" (Luq 12:50)

"Isin xuwwaa ani dhuguu, cuuphaa ani cuuphamus cuuphamuu ni dandeettuu?" (Mat 20:22)

5. Cuuphaa bishaanii isa Gooftaa Yesuus akka namni amanu cufti cuuphamuuf ajaje.

Cuuphaan kun cuuphaa Yesuus mataan isaa ergamtoota ajajeedha.

"Egaa dhaqaatii namoota ormaa mara maqaa Abbaatiin, maqaa Ilmaatiifi Maqaa, Hafuura Qulqulluutiin cuuphaa, akka isaan waan ani isin ajaje eeganiif barsiisaa barattoota isaan godhaa" (Mat 28:19)

Cuuphaan kun akka cuuphaa Yohaannis cuuphaa cubbuu irraa deebii kan dhiifama cubbuutiif godhamuutii miti. Garuu cuuphaa namni cubbuu irraa deebi'ee Kiristoositti amanu tokko

raawwachuu qabuudha. Cuuphaa nu kan Kiristoosi ta'uu keenya ittiin dhugeessinuu dha.

Hiikkaan cuuphaa kanaa maali?

A. Tokkummaa nu Kiristoos waliin qabnu agarsiisa.

Akkuma Yesuus Kiristoosi akkuma fooniin du'ee hafuuraan immoo jiraataa ta'e sana namni amanu tokko cuuphaa kanaan, "ani cubbuu fi addunyaa kanaaf du'eera. Hafuuraan garuu Kiristoosiif nan jiraadha" jedhee dhugaa baya. Yeroo bishaan keessa seenutti "akkuma Yesuusi Kiristoosi awwaala keessa seene sana, anis isa waliin awwaalameera" jechuu isaa ta'ee, yeroo bishaan keessaa ba'uttimmoo," akkuma Kiristoos awwaala keessaa ka'e sana, anis jireenna haarayaan Kiristoosiif jiraachuuf Kiristoosi wajjiin du'aaka'eera" jechuu isaati.

Rom 6:3-5 keessatti akkana jedha; "yookaan nu warri Kiristoos Yesuus walliin tokko ta'uuf cuuphamne cufti, akka du'a isaa woliinis tokko taanuuf akka cuuphamne hin beettanii? Egaa akkuma Kiristoos ulfinna abbaatiin worra du'an keessaa ka'e sana nus jireenna haarayaan akka jiraannuuf du'a isaa waliin akka tokko taatuuf cuuphaadhaan isa waliin awwaalamne. Eegii du'a du'a isaa fakkaatuun tokko taanee, du'aa ka'iisa du'aa ka'iisa isaa fakkaatuunis tokko ni taana."

Qol 2:12 keessatti immoo, "isin cuuphaadhaan isa waliin awwaalamtan; cuuuphaadhaanis hujii Waaqa Kiristoosin warra du'an keessaa kaase sanaatti waan amantaniif isa wajjiin kaatan" jedha.

b. Kadhannaa Yaada (garaa) qulqulluuti

Phe 1^{ffaa} 3:20-21 keessatti akkana jedha; " bara Nohi keessa yeroo dooniin lubbuuwwan muraasni jechuunis lubbuuwwan saddeeti ittiin oolfaman qopheeffametti, obsi Waaqayyoo baayyannaan ajajamuu didan. Bishaan kunis jechuun

cuuphaan fakkeenya waan kanaa ta'ee nu oolcha. Kunis kadhannaa garaa qulqulluuti malee waan ittiin xurii nafaa dhiqatanii miti.

Kunis du'aa ka'iisa Yesuus Kiristoosiitiin raawwatama."Kutaan kun cuuphaan nama fayyisa (oolcha) hin jedhu. Garuu "Fakkeenya fayyinna keennaati" jedha. Cuuphaan bisaanii kunisa yeroo armaan olitti gosoota cuuphaa ibsinetti lakkoobsa tokko irra jiruudha. cuuphaan sunis fakkeenya cuuphaa kan Hafuurri Qulqulluun nafa Kiristoosi keessatti cuuphee ittiin fayyiinuu. Sababiin kutaan kun, " bishaanichi jechuunis cuuphaan fakkeenya isaa ta'ee hardha nu fayyisa" jedhuufis kanuma.

Gosa cuuphaa	**Nama cuuphu**	**Maaliin?**	**Maaliif?**	**Kutaa Isaa**
Cuuphaa tokko	Hafuura Qulqulluu	Nafa Kiristoosi keessatti	Fayyinnaaf (uumama haaraya ta'uuf)	Qor 1ffaa 12:13, Gal 3:27, Efe 4:4-5, Qor 2ffaa 5: 17
Cuuphaa Yohaannis Cuuphaa	Yohaannis Cuuphaa	Bisaaniin	cubbuu irraa deebi'uuf	Luq 3:3
Cuuphaa Hafuura Qulqulluu	Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos	Hafuura Qulqulluun	Humna argachuu fi rageessituu ta'uuf	HuE 1:5,8 Mat 3:11
Cuuphaa rakkinnaa	Addunyaa fi diina	Rakkinnaan	Akka fedhiin Waaqaa jireenna keenna keessatti raawwatamuuf	Luq 12:50, Mat 20: 22 Luq 22:42, Phe 1ffaa 4:19
Cuuphaa bisaanii kan nama amane tokkoo ajajni kenname	Tajaajilaa Waaqaa	Bisaaniin	Du'aa ka'iisa Kiristoosi waliin tokko ta'uuf (Kiristoosiif dhugeessuufi ajajamuu keenya agarsiisa)	Mat 28:19 Mar 16: 16

Cuuphaan lakkoobsa tokko irra jiru waan addunyaa ijaan hin argamne keessatti raawwatamu, cuuphaan bisaanii kun garuu cuuphaa addunyaa ijaan argamu keessatti raawwatamuu fi

cuuphaa addunyaa ijaan hin argamne keessatti raawwatamuuf fakkeenya ta'u. Kanaaf nafa dhugaa gaaddidduu isaatii fi fakkeenya isaa irraa gargari baasuu qabna. Wanni nu fayyisu cuuphaa bisaanii otoo hin ta'in, waan cuuphaan bisaanii agarsiisu sanaa dha.

C) Cuuphaan sirna isa Yesuus Kiristoos" qajeelaa" jedhee waameedha

Mat 3:15-16 keessatti "Yesuusi deebisee, 'amma naa eeyyami; akkanatti hujii qajeelummaa hunda raawwachuun nuu ta'aatii' jedheen. Innis yeroo sana eeyyameef . Yesuusis erga cuuphamee booddee yeruma sana bisaan keessaa baye" jedhameera.

Qajeelaa jechuun, sirna fuula Waaqaa duratti fudhatama qabu jechuu malee sirna nama fayyisu jechuu miti. Seerri tokko yoo ragayeera jedhamu, akka "fudhatama argate" jechuu ta'e, nus yommuu sirna kana raawwannu waan fuula Waaqaa duratti fudhatama qabu hojjanne jechuudha.

Cuuphaan amantii duuba malee amantiin duraa miti.

Yoo dubbii Waaqaa qorannu bakka tokkottillee nama otoo hin amaniin cuuphame hin agarru. Namoonni amanan cuftinuu erga amananii duubatti cuuphaman, kanaafis fakkeenyi gaariin namicha Itoophiyaa xu'aa- shii kan HuE 8 irratti waayee isaa dubbifnuudha. Kutaan sunis akkana jedha;

"Isaanis otoo karaa deemanuu bishaan bira ga'ani xu'aashiin sunis, 'egaa wanni akka ani bishaaniin hin cuuphamne na dhowwu maali?' jedhee gaafate. Filiphoosis, 'yoo garaa kee guutuun amante sii eeyyamameera' jedheen. Xu'aa- shiin sunis deebisee, 'Akka Yesuus Kiristoos Ilma Waaqaa ta'e ani nan amana' jedhe. Filphoosis akka gaariin sun dhaabatu ajaje. Isaan lamaanuu jechuunis Filiphoosiifi

xu'aashichi (namichi nafii saalaa irraa murame) bishaanitti gadi bu'anii Filiphoosis isa cuuphe." (HuE 8:36-38)

"Bulchaan mana sagadaa kan Qarisphoos jedhamu sunis maatii isaa waliin Gooftaatti amane. Warra Qorontoos keessaas namoonni hedduun amananii cuuphamani. " (HuE 18:8)

"Namni amanee cuuphame ni fayya. Nama hin amanin garuu itti murama." (Mar 16:16). "Yeroo Filiphoos waayee maqaa Yesuus Kiristoosi isaanitti lallabetti dhiirris dubartiinis amananii cuuphaman. Simoon mataan isaas ni amane-Amanees Filiphoos wajjiin walii gale." (HuE 8: 12-13)

Wanni nu kutaalee armaan olii irraa hubannu akka sirni (aadaani) cuuphaa sirna erga namni amanee duubatti godhamu malee sirna otoo hin amanin ta'u hin ta'in, waan "duraan dursanii cuuphamanii booddee immoo amanan" jedhu kitaaba Waaqaa keessaa bakka tokkottillee hin arginu. Fakkenni keenya Yesuus Kiristoos mataan isaa akkuma dubbii Seera Ba'i 13:2 keessatti "Inni kiyyaatii hangafa garaa banu cufa naa qulqulleessi, "jedhame sana Maariyaamiifi Yooseef akka daa'imummaa isaatti fuula Gooftaa dura isa dhaabuuf jedhanii mana qulqullummaatti isa geessanii turan Luq 2:22-24 irraa ni dubbifna. Garuu dubbiin Waaqaa akka inni yeroo umriin isaa Waggaa soddoma guutetti cuuphame Luq 3:21-23 keessatti nutti hima.

Haala cuuphaan bisaanii itti kennamu

Akka waldoonni Kiristaanaa tokko tokko haala gara garaa kan itti cuuphan qaban beennullee waan dubbiiWaaqaa keessatti waayee haala cuuphaan itti kennamuu dubbata jennee amannu kutaa kana keessatti ibsina. Akka garaagarummaan sirna cuuphaa kun Kiristaanota jidduutti sababii waldhaabiisaa ta'uu hin qabne ni amanna. Sababiin isaa tokkummaan keenya amantii hundee qabeessa nu Gooftaa keennaafi qoricha (qorsa) keenya Yesuus Kiristoositti

qabnuun malee sirna ittiin cuuphaa fudhannuunii miti. Gosoota cuuphaa keessaa akka isa lakkoobsa tokkoffaa irra jiru sanaatti nu nafa Kiristoosi keessatti cuuphamnaan isattu tokko nu godha. Ta'us waan dubbii Waaqayyoo keessatti waayeen sirna cuuphaa dubbatameera jennee amannu hunda kutaa kana keessatti tuttuqna.

a. Cuuphaan bisaanii sirna guutumaan guutuutti bishaan keessa seenuudhaan raawwatamuudha. Waayee cuuphaa Yesuus Mat 3: 13-17 keessatti dubbii, "Yesuus akkuma cuuphamee bishaan keessaa bayeen..." jedhu dubbifna. HuE 8:36 keessattis waayee Filiphoosiifi murattee (nama nafii saalaa irraa cite) Itoophiyaa- "isaan lamaanuu gara bisaaniitti gadi bu'an...." jedha. Afaan kakuu haarayii ittiin barreeffame afaan Giriikiitiin dubbiin, "cuuphaa" jedhu waan tokko keessa seenuu yookiin lixuu muldhisa.

b. Akka qajeelcha Yesuus Kiristoos Mat 28:19 irratti nuu kenneetti nu kan cuuphamnu, " maqaa Abbaatti, maqaa Ilmaatti, Maqaa Hafuura Qulqulluutti.' Kiristaanonni sadan tokkummaa Waaqaatti hin amanne tokko tokko nu maqaa Abbaatti, maqaa Ilmaatti, maqaa Hafuura Qulqulluutti otoo hin ta'in maqaa Yesuusi qofatti cuuphamna jedhanii barsiisu. Waan kana mirkaneessufis akka ergamtoonni hujii ergamtootaa keessatti maqaa Yesuusiitti cuuphan sana akka ragaatti dhiyeeffatu. Garuu akka dubbiin Waaqaa walii walii isaatiin hin mormineef sababii ergamtoonni maqaa Yesuusiitti cuuphaaniif sana hubachuu qabna malee ajaja ifaa kana Yesuus nuu kenne sana gatuu hin qabnu. Bara waldaan Kiristaanaa dhalatte (hundeeffamte) keessa maqaan Yesuusiitiifi barattoonni Yesuusi waan jibbamaafi gaargalfamaa turaniif namni tokko dhugumaanYesuus Kiristoositti amanuu isaa maqaa Yesuusiitiin cuuphamuu qofaan mirkaneessa. Ergamtoon- nis waan kana mirkaneessuuf maqaa Yesuus Kristoosiitti cuuphaa turan. Garuu qajeelchi dhaloota cufaaf kenname akka maqaa Abbaatti, maqaa Ilmaatti, maqaa Hafuura Qulqulluutti cuuphamnuudha.

Waayee cuuphaa ilaalcha jallataa lama

a. Amantiin dogongoraan" namni tokko cuuphaa malee fayyuu hin danda'u" jedhu jira. Kiristaanonni amantii akkanaa hordofan Kutaalee kitaaba Waaqaa kanneen gara-garaa dhiyeeffatan qabu kutaalee kanneen keessaas tokko tokko armaan gaditti dhiyeessineerra.

Mar 16:16 keessatti, " kan amane, kan cuuphames ni fayya. Kan hin amanne garuu itti murama" jedha. Kutaan kun, "kan amane, kan cuuphames" jedha malee, "kan amanee garuu hin cuuphamin" hin fayyu hin jedhu. Yookaan " kan hin amanin itti murama: jedha malee, " kan hin amanin yookaan hin cuuphamin" itti murama hin jedhu. Jecha kamiiniyyuu waan jechi sun jedhu irra dabarree dubbachiisuu hin dandeennu.

Phe 1^{ffaa} 3:20-21 irratti akkana jedha: "Yeroo dooniin ittiin namoonni muraasni jechuunis lubbuun saddeeti oolan qopheeffame bara Nohi yommuu obsi Waaqaa ture sana isaan duraan dursanii hin ajajamne. Bishaan kun jechuunis cuuphaan fakkeenya ta'ee amma nu fayyisa. Waaqaaf kadhannaa qalbii gaariiti malee xurii nafaa balleessuu miti. Kunis du'aa ka'iisa Yesuus Kiristoosiitiin." Waayee kutaa kanaa waan armaan olitti ragaa ga'aa kennineef irra hin deebinu.

Yoh 3:5 irratti, "Namni yoo bishaaniifi Hafuura irraa hin dhalatin mootummaa Waaqaatti galuu hin danda'u" jedha. Kutaa kana namoonni akka waan inni "namni tokko yoo bishaan keessatti cuuphamuu baatee fi yoo Hafuura Qulqulluun guutamuu baate fayyuu hin danda'u" jedhuutti fudhatan tokko tokko jiru. Garuu Phe 1^{ffaa} 1:23 irratti dubbii "isin warri lammaffaa dhalattan sanyii badu irraa hin

dhalanne. Dubbii " Waaqa bara-baraan jiraatuutiin sanyii hin banne irraa dhalattan malee" jedhu dubbifna. Dubbii Waaqayyoo waan dubbuma Waaqayyoo mataa isaatiin hiiknuuf akka jechi Yoh 3:5 irratti bisaan jedhu sun dubbii Waaqayyoo ta'e hubachuu dandeenya. Cubbamaan tokko yeroo dubbii Waaqaa jiraataa sana dhaga'utti Hafuurri Qulqulluun dubbii jiraataa sanatti fayyadamee cubbamaa sana ifatee gara cubbuu irraa deebi'uutti fiduudhaan nafa Kiristoosi keessatti isa cuupha. Kutaa kana keessatti "bishaaniifi hafuura irraa " jechuun isaas kanuma jechuu isaati. Itti ida'ees Efe 5:26 irratti dubbii Waaqaa bishaan wajjiin wal fakkeessuu isaa dubbifna. "dhiqannaa bishaaniitiifi dubbii isaa waliin jabeessee ishii qulqulleessuuf jedhee waayee ishiitiif (waayee waldaa kiristaanaatiif-waayee nafa isaatiif) dabarsee uf kenne. Kakuun haarayi, "inni karaa dubbii ufiitiin dubbii isatiin dhiqee ishii qulqulleesse" jedha.

HuE 2:38 irratti, "cubbuu irraa deebi'aa. Akka cubbuun eessan isinii dhiifamuufis tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kiristoosiitiin cuuphamaa. Kennaa hafuura qulqulluus ni argattuutii" jedha. Keessattuu kutaan kun kutaa isaan cuuphaan dhiifama cubbuutiif barbaachisaadha jechuuf itti fayyadama- niidha. Waan dubbiin Waaqaa, " dubbiin sun guutummaatti isin keessa haa jiraatuu" jedhuuf, kutaa tokko qofa qabannee waan tokko xummuruun guddoo sodaachisaadha. walumaa galatti dubbiin Waaqaa waayee " dhiifama cubbuu" maal jedha? jennee gaafachuufi hubachuu qabna.

Dubbiin Waaqaa waayee dhiifama haraara cubbuu maal jedha?

HuE 3:19 "Akka cubbuun keessan isinii dhiifamuuf cubbuu irraa deebi'aa"

HuE 10:43 "Akka Namni isatti amanu cufti maqaa isaatiin dhiifama cubbuu argatuuf raajonni hundi isaaf dhugaa ba'u."

Mat 26:28 "dhiigni kiyya kan kakuu haarayaa kan waayee dhiifama cubbuu nama baayeetiif dhangala'u kana."
Rom 3:25 " isas (Kiristoos) Waaqni waan ittiin cubbuun namaa dhiifamu kan amantiidhaan argamu, dhiiga isaatiinis kan raawwatamu godhee isa dhaabe."

Yoo kutaalee kanneen sirriitti dubbifne tokkoon isaaniilleen dhiifamni cubbuu cuuphaadhaan argama hin jedhan. Garuu waayee dhiiga Yesuus Kiristoosi kan dhiifama cubbuu keennaatiif dhangala'eefi waayee maqaa isaa, waayee cubbuu irraa deebi'uutiifi waayee isatti amanuu dhubbatu. Gabaabinnatti akka cubbamaan tokko yommuu cubbuu isaa himatee Kiristoositti amanutti dhiifama cubbuu isaa argatu raagonni dhugaa isaa ba'u. " Dhiigni Yesuus Kiristoosi kan cubbuu isaa hunda balleessu isaa dhangala'eeraatii.

b. Ilaalchi jallaan dhibiin immoo cuuphaa akka waan faayidaa hin qabneetti lakkaa'uudha.

Ilaalcha akkanaatiif gaafii tokko qofa gaafatanii dabruun ni ga'a. Eegii Yesuus Kiristoos mataan isaayyuu "qajeelinna hunda raawwachuu qabna" jedhee cuuphamnee nu akkamitti sirna cuuphaa tuffachuu dandeenna?

Walumaa galatti wanni nu kutaa kana keessatti waayee cuuphaa barannu;

1. Akka cuuphaan sirna Yesuus Kiristoos mataan isaatuu, "qajeelinna" jedhee waame tokko ta'e.
2. Akka cuuphaan amantiin booddee malee amantiin dura hin ta'in.
3. Akka cuuphaan sirna waan fayyineef malee waan fayyuuf

jennee raawwannu hin ta'in.

4. Akka cuuphaan karaa nu ittiin Yesuus Kiristoos waliin tokko ta'uu keenna dhugaa baanu ta'e.

5. Akka cuuphaan waan akka nu waaqaaf ajajamnuufi akka nu of kennine agarsiisu ta'e.

Nus akkuma Daawiti sun, "Akka ani karaa sirna keetii hubadhuuf na gargaari" haa jennuu.
Far (119):27

Barumsa Torbaffaa:- Sirna Waldaa Kiristaanaa

Lakkoobsa Eenyummaa_____
Maqaa _____
Bakka jireennaa _____
_____
_____

1. Sirni irbaata qulqulluu akkamitti/maaliif jalqabame?

2. Irbaanni qulqulluun maal fa'a qabata? Tokkoon tokkoon isaas maal agarsiisa?

3. Namni irbaata qulqulluu fudhachuu qabu nama Yesuus Kiristoositti amanee lammata dhalateedha. Akka nama amanu tokkootti ati otoo irbaata qulqulluu hin fudhatin maal gochuu qabda?

4. Amanaan tokko yeroo bisaaniin cuuphamu ergaa maalii dabarsa?

5.Namni tokko fayyinna argachuuf cuuphama moo yookaan erga Yesuus kiristoositti amanee fayyeen booddee cuuphama?

6. Yesuus otoo hin cuuphaminiin dura Yohaannis cuuphaan,"amma naa eeyyami, akkasitti qajeellinna hunda guutuu qabnaatii" jechuun isaa maal jechuu?

7 Gosoota cuuphaa keessaa garaagarummaa tokkoffaa fi hanaffaa jidduu jiru ibsi.

8.Ati sirna cuuphaa raawwatteertaa?

Yoo deebiin kee "Eeyee" ta'e, otoo hin amaniin moo eegi amantee booddee raawwatte?

Yoo Deebiin kee "hin raawwannee" ta'e immoo gara fuul-duraatti karoorri ati cuuphamuu qabdu maali